# Daaraa Liidii Mana Keessan Keessaa Qulleessaa

Daaraan liidii qalama mana keessani irraa foxxoqe irraa ykn waan biraa irraa argamu isinii fi maatii keessan summaa'uu liidiitiif saaxiluu danda'a. Dhaabbataatti mana keessan qulleessuudhaan, harka, miillaa fi ashaangulliitii ijoollee keessanii qulleessuudhaan carraa liidiitiif saaxilamuu hir'isaa. Ashaangulliitiin tokko tokko maashina keessatti miicamuu danda'u, kaan immoo bishaanii fi saamunaadhaan haxaa'amuu danda'u.

Yoo mana 1978 dura ijaarame keessa jiraattee haaressuuf, dibuuf ykn suphuuf yaada qabaatte www.epa.gov/lead ilaali.



## Mala Qulleessuu Milka'aa

Daaraa liidii mana keessan keessaa qulleessuuf mala milka'aa lamatu jira:

1. Jiisanii Miicuu

2. Vaakiyumii addaa HEPA tiin qulleessuu

Malli caalaatti qulleessuudhaaf milka'aa ta'e isaan kana lamaan fayyadamuudhaan yoo xiqqaate torbanitti al tokko qulleessuudha.  Qajeelfama isaa ilaaluudhaaf fuula itti aanu garagalchi.

## Meeshaalee ittiin qulleessan:

- Vaakiyumii HEPA
- Dhangala'aa tooksikii hin taane
- Baaldii 2
- Huccuu moofaa
- Korojuu kosii guddaa
- Gilaavii laastikaa
- Huccuu ittiin haxa'anii gatan

## Mala Qabiinsa Manaa:

- Erga huccuu liidiidhaan faalame maashiniidhaan miiccee booda maashinichatti bishaan marsaa saffisaa itti gad-dhiisi.
- Mana yeroo qulleessitu xiqqoo xiqqoodhaan qulqulluutii gara xuriitti qulleessi.
- Gogaa isaa hin haxaa'in. dhangala'aa ittiin qulleessan ykn bishaan itti biifiitii huccuu moofaa deebitee itti hin fayyadamneen qulleessi.



## Nu Quunnamaa

Minnesota Department of Health
(Dippaartimentii Fayyaa Minesootaa)
Health Risk Intervention Unit
(Kutaa giddu seentummaa rakkoo fayyaa)
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
Bilbila: 651-201-4620

*Oromo 7/2020*

# Mala Jiisanii Miicuu

## Sadarkaa 1: Miici

1. Gilaavii laastikaa harkatti godhachuudhaan dhangala'aa ittiin qulleessan baaldii tokko keessatti waliin makiitii baaldii tokkotti immoo bishaan qulqulluu guuti
2. Huccuu itti fayyadamtee gatuu dandeessu baaldii isa dhangala'aan ittiin qulleessan keessa jirutti jiisi. Lafa qulleeffamuu qabu kanneen akka foddaa fi naannoo foddaa, maaqanii balbalaa, keenyan manaa fi lafa ittiin haxaa'i
3. Dhangala'aa ittiin qulleessan sana deebisee akka si duraa hin faalleef huccuu ittiin haxoofte sana gataa adeemi





## Sadarkaa 2: Jiisi

1. Huccuu itti fayyadamtee gatuu dandeessu baaldii isa bishaan qulqulluu qabu keessatti jiisiitii bakka duraan qulleessite sana ittiin haxaa'i
2. Bishaan isa qulqulluu sana akka si duraa hin faalleef huccuu ittiin haxoofte gataa adeemi
3. Yeroo xumurtu, bishaanichaa fi dhangala'aa ittiin qulleessan sana boola mana fincaaniitti dhangalaasi. Carraa qama keetti deebisee liidii buusuu waan qabuuf bishaan xurii sana gonkumaa isa harka irratti dhiqatanii fi bakka qama dhiqatanitti hin dhangalaasin.

# Vaakiyumii HEPA tiin qulleessuu




- Yeroo hundumaa vaakiyumii "High Efficiency Particulate Air Filter" (HEPA) jedhamuun qulleessi
- Wantota xixiqqoo fi daaraa liidii sirriitti harkisee ofitti fuudhuu waan hin dandeenyeef Vaakiyumii warra Sanaa gadii gonkumaa hin fayyadamin.
- Vaakiyumiin HEPA kireeffamuus ta'e torra interneetii irraas ta'e suuqiitii bituun ni danda'ama.
- Torbanitti yeroo tokko vaakiyumiidhaan qulleessuun ni gorfama

Odeeffannoo dabalataaf: www.health.state.mn.us/lead

DEPARTMENT OF HEALTH